


TAJAAJILAAWWAN BISHAANII FI QULQULLINAA

AKKA MIRGA DHALA
NAMAATTI



QAJEELFAMA

Adeemsi hundi ibsi itti kenname



INTRO

1. Itoophiyaan galma misoomaa ittifufiinsa qabu (UNSDGs) irratti mallatteessitee jirti. Innis namni hunduu – eessallee haajiraatu, eenyullee haata’uu, bara 2030tti (ALA) tajaajila bishaanii fi qulqullinaa akka argataniifi itti fufiinsaan akka fayyada-man kan jedhudha. Tajaajila gaarii jechuun, namni hunduu dhiheeniyatti argachuu, gatii madaalawaan bitachuu fi fudhatama kan qabuu fi fayyadamtooti hundi kan of-ittigatan jechuudha.

2. Mootummaan hojiin kun akka dhugoomuuf ariitii danda’ame hundaan maallaqaa fi humna namaa jiruun itti-gaafatamummaa qaba. Akka qondaala mootummaa sadarkaa naannoo keetiitti, ati ammoo hojiin kun akka milkaa’uuf qaam adda durummaan hojjachuu qabdudha.



3. Piriinsiippiloonni mirga namoomaa muraasni qoramanii yaalaman siqajeelchuu danda’u:


- Nama hunda bira gahuuf, jalqaba fedhii qaamota hawaasaa rakkoo tajaajilaa guddaa qaban, keessattuu kanneen bira gahuuf bakka fagoo fi rakkisaa jiraatan, akkasumas harka-qalleeyyii yaada keessa galchuu qabda. **Kunis piriinsiippiilii walqixxeenyaa fi al-qoqqoodiinsaa irratti bu’uureffata. (principle of equality and non-discrimination.)**
- Namoota hundaafi kanneen rakkataniif jijjiirama tolaa kennuuf taajaajilaa fi karoora bishaanii fi qulqullinaa ilaalchisee odeeffannoo funaannachuu qabda. Afaanii fi miidiyaa sirrii fayyadami. **Kunis piriinsiippiloota mirga odeeffannoo argachuu irratti hundaa’a. (principle of access to information)**

- Tajaajilaawwan bishaanii fi qulqullinaa irratti murtee kennamu keessatti namoonni hirmaachuu akka danda’an, kunis fedhii isaanii guutuuf akkamiin akka sidandeessisu hubatta. **Kun ammoo piriinsiippiloota hirmaannaa irratti hundaa’a. (principle of participation)**
- Rakkooolee ariitiin furuudhaaf, namoonni tajaajila bishaanii fi qulqullinaa ilaalchisee rakkoo kamiyyuu gabaasuu akka danda’an, tajaajila kennitoonnis yeroo yeroon hordoffii gochuu isaanii mirkaneeffadhu. **Kunis piriinsiippiloota itti-gaafatamummaa irratti hundaa’a. (principle of accountability)**
- Tajaajiloonni bishaanii fi qulqullinaa waggaa guutuu guyyaa guyyaan yeroo dheeraadhaaf akka jiraataniif, kenni tajaajilaa itti-fufiinsa kan qabu ta’uu mirkaneeffachuu qabda. **Kun ammoo piriinsiippiloota ittifufiinsaa irratti hundaa’a. (principle of sustainability)**

Akka hojjataa adda-duree dhaabbata keetii tokkootti, jijjiirama guddaa fiduu dandeessa. Qajeelfamni kunis piriinsiippiloota kanneen hojiiwwan kee guyya-guyyaa keessatti akkamiin fayyadamuu akka dandeessu siqajeelcha.

A

JALQABUUF: QOYIIF QO'ANNOO



1. Dhaabbanni kee shoora qindeessuu fi qo'ii fi qo'annoo gumaachuu fi eenyu tajaajila bishaanii fi qulqullinaa gaarii aanaa keetii akka qabu nibeekta. Kun ammo hojii keetiif bu'uura kenna. Kana addaan baasii beeki: Aanaa keetii, eenyutu tajaajila bishaanii fi qulqullinaa gaarii argachuu mala ykn argata? Namoonni kunneen xiyyeeffanoo kee argachuu kan qabanii tajaajilli hunda bira gahuu isaa mirkaneeffachuufi. Abbootii warraa fi, kannee akka mana barumsaa, dhaabbilee fayyaa, gabaa, bakkeewwan tajaajila geejjibaa ilaali.

Sana booda

2. Xiinxali

Namoota tajaajila bishaanii fi qulqullinaa gaarii akka argatan dandeessisuuf rakkoolee jiran hubadhu. Rakkooleen kunneen maaliin walqabatu, hawaasummaan, dhaabbattummaan,



Maallaqaan, Naannoon, seeraan, teeknikaan ykn humna raawwachiistummaan? Hudhaalee kanneen furuuf maal gochuu dandeenya? Hudhaaleen adda addaa furmaata adda addaa barbaadu. Qo'ii fi qo'annoo kana hojjachaa, deeggarsa namoota odeeffannoo walfakkaataa qabani irraa fknf bakka buutota hawaasaa, dhaabbilee mit-mootummaa fi deeggartoota maallaqaa irraa deeggarsa gaafadhu. Namoota tajaajilaawwan manaa fi bakkeewwan adda addaatti fayyadaman irraa yaada fudhu. Hirmaannaa jarreen kanaa hudhaalee jiran kallattii adda addaatiin hubachuuf sigargaara. Dhaabbilee sadarkaa naannoo fi biyyaalessaatti odeeffanoo dhimma sadarkaa tajaajilaa fi hojiirra jiraachuu irratti funaannachaa jiran irraa odeeffannoo hordoffii fayyadami. Kanneen tajaajila argachuuf rakkisaa ta'ee fi maaliif kun ta'uu akka danda'u irratti odeeffannoo walitti qabame qabaachuu kee mirkaneeffadhu.

Odeeffannoon/data ragaa qulqulluu qopheessuuf fi hawaasa dabalatee namoota birootiif qooduu dandeessu funaanamuu isaa, mirkanaa'uu isaa fi hojiirra ooluu isaa qulqulleeffadhu. Ragaan kun, tajaajilaawwan bishaanii fi qulqullinaa irratti murtee kennituuf bu'uura. Namoot barbaachisoo dabalatee fedhii namoota naannoo keetiin akka hindogoggorre ofeegi. Kun hojii keetiif maaliif bu'aa guddaa akka qabu deebisuufis qophaa'i.

Kanaaf ammoo

3. Maallaqa

Qo'ii fi Qo'annoo adeemsisuudhaaf, maallaqa hammam bajata keefi madden biro irraa sassaabbachuu dandeessa? Odeeffannoo baayyee gaarii argachuudhaaf, qabeenyaa keessoo fi kannee bakka biraatii argattu akkamiin walitti makuu dandeessa? Eenyufaan kallattii ati hojjattu irratti bobba'ee akka jiru waan beekuuf, qo'ii fi qo'annoo isaaniillee fayyadamuu dandeessa Odeeffannoo dabalataatiif maallaqa gahaa hinqabdu yoo taate, namoota dhiibbaa gaarii geessisuu danda'aniin, hojii akkanaatiif maallaqani hagam barbaachisaa akka ta'ee fi, ta'uu baannaan milkaa'uu akkamiin akka hindandeenye

Maal baratte?

Waa'ee haala namootaa
Tajaajiloota bishaaniifi
hqinualqrguallinninaeae ? Waa'ee
dhimmoota
Hawaasummaa isaanii akkasumas
Hudhaalee dhaabbattummaa fi
Teekinikaa isaanii maal beekta?
Hudhaalee kana furuuf yaada
Bu'uuraa akkamii qabdaa?

Gara fuula

B

KAROORSUU: KAAYYOO KAA'ACHUU FI DURSA KENNUU

1. Hundumtuu akka fayyadamuuf, tajaajilaawwan bishaanii fi qulqullinaa aanaa keetiitiif karoorsuun hojii keeti. Kaayyoo kaa'achuu fi dursa kennuuf ragaalee qo'ii fi qo'annoo keetii fayyadami. Qooda-fudhattoonni hunduu akka waliin hojjataniif, hojii jiru qindeessi. Hojii hojjatamuuf jiru hunda karoora keessa galchuu hojiitti hiikuuf, qaama dhimmi ilaallatu hunda haala dandeesseen hirmaachisi. Qondaaltonni keessatti haammatamuu isaanii mirkaneeffadhu.

2. Karoorri fedhii kanneen tajaajilaawwan hinqabneef dursa kennuu isaa fi isaan irratti xiyyeeffachuu isaa mirkaneeffadhu.



3. Rakkoo guddaa jiru dursa furuudhaaf, qabeenya jiruu fi fedhii jiru walmadaalchisuutu sirra jira. Kun, namni hundi tajaajilaawwan qulqullinaa fi Bishaanii gaarii ariitiidhaan qabeenya jiruun akka argatuu taasisuuf tooftaa daran olaanaadha.

4. Bajata kallattii "Capital investment" fi baasii hojiilee fi suphaa walmadaalchisuun fayyadamuu akkamiin akka dandeessu qalbeeffadhu. Qabeenya argachuu dandeessu hundaa fayyadami. Kun taaksii, taarifa, daddabarsa maallaqaa fi deeggarsa akaakuu faa ta'uu danda'a. Taarifni yeroo hundaa humna ummataatii ol ta'uu hinqabu. Kanaafu hangam kaffaluu akka danda'anii fi kanneen kaffaluu hindandeenye akkamiin deeggaruu akka dandeessu hubachuu qabda. Fayyadamtoonnis taarifa irratti waliigaluu isaanii mirkaneeffadhu.

Yeroo karoorsituu fi bajata ramaddu, kaayyoo fi haalduree keeyyatteetta. Yeroo carraa haaraan argamuu fi kallattiin siyaasaa addaa yoo jiraatuufis akkasuma. Qabeenya muraasa jechuun, waan hunda altokko hojjachuu hindandeesse jechuudha. Garuu hudhaalee baayyee cimoo ta'an irratti xiyyeeffattee namoota sideeggaranis yoo amansiifatte dhawaata-dhawaataan jijjiirama dhugaa mul'isuu dandeessa. Yoo kaayyoo hiixatoo fi bira gahamuu danda'an yoo kaawwatte, kun maallaqa bal'aa hawwachuu akka dandeessu sigargaara.

Qooda-fudhattoota hunda walitti qindeessuudhaaf, Ogummaa hawaasummaa keefi aangookee fayyadamuu qabda. Namoonni si amanuu waan jalqabanuuf, walitti qindeessuun salphaadha. Eenyuu maal akka hojjatu waan beektuuf, namni Hunduu karaarra jiraachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Karooricha ummataaf qoodi. Ummanni tajaajila Akkamii eeggachuu akka danda'an yoo beekan Nigammadu, kanaafis tarkaanfii akkamii fudhachaa akka jirtus yoo hubatanis akkasuma.



Karoorri kee, akeekaa fi dureewwan ifaa ta'aiin, bu'ura raawwachuuti. Fuula itti aanu ilaali.

Gara fuula

C

RAAWWACHUU: WALTA'IINSAA FI KUTANNOO



1. Dhaabbanni kee aanaa kee keessatti tajaajila itti fufiinsa qabu adeemsisuu keessatti gahee qindeessummaa qaba. Hojiin akka hojjatamuuf qaamni dhimmi ilaallatu jiraachuu isaa mirkaneessi Jalqabumarraa kaasee waliigaltee irratti ykn kontiraata irratti kutannoon akka jiraatuuf gaheen hojii fi itti gaafatamummaan ifa akka ta'u taasisi.

2. Sadarkaa tajaajila hojiirraa eegamu ilaalchisee waliigaltee fi kontiraata irratti sirriitti ibsamuu isa mirkaneeffadhu. Sadarkichis tajaajilli bishaanii fi qulqullinaa hundumaaf "gaarii", dhiheenyyatti kan argamu, humna kaffaltiitii ol kan hintaane, nageenyaa fi haalaa fi fedhii hundaa irratti hundaa'uun fudhatamummaa kan qabu ta'uu mirkaneessuu qaba. Akka waldhabdeen hinjiraanneef, qaamni ilaallatu hundi sadarkaa kana hubachuu qaba.

3. Seeraafi qajeelfama tajaajilawwan kanneen adeemsisuuf jiru hubachuu kee mirkaneeffadhuutti deeggartoota keefis ifa godhi. Sadarkaalee kanneen eegsisuuf seerota haaraa fi seera keessoo sibaabaachisaa? Tajaajilaawwan fooyyessuuf seera biyyaa irratti jijjiiramni nibarbaachisa jettee yoo yaadde, akkamiin dhimmi kana irratti mootummaa waliin maree taa'uu akka dandeessu kanneen biro wajjin mijeessi.



4. Karooricha irratti deeggartoota waliin hojjachuuf yoo sochootu, piriinsiippiloota mirga namoomaa eeguu irratti kaka'umsaa fi dandeettii isaanii addaan baafadhu. Kunis hundumtuu kallattii tokkorra akka qajeelu dandeessisa.

5. Waajjiraalee mootummaa, tajaajila kennitootaa, garee hawaasaa, dhaabbilee mit-mootummaa fi kanneen biro dabalatee deeggartoota adda addaatu jira. Daaggaraan kam maal hojjachuu akka danda'anii fi akkamiin cimsuunii akka dandeessu hubadhuutti. Hojii haala danda'ameen akka milkaa'uuf, deegaraa hundaaf akkaataa itti-gaafatamummaa fi dandeettii isaaniitiin hojii qoqqoodiif.

6. Hundumtuu itti-gaafatamummaa irraa eegamu bahaa akka jiru mirkaneessuuf tooftaalee akkamiitu jira? Tajaajilamtoonni tajaajila warra kennan irraa maal abduchuu akka qabanii fi rakkoolee jiran irrattis akka gabaasuu danda'an mirkaneeffachuu qabda. Kunis tajaajilli akka itti fufuu fi warri tajaajila kennanis itti gaafatamummaa akka qaban mirkaneeffachuuf gargaara.

7. Walta'iinsa uumuu fi hogganuudhaaf ammo bajata muraasaa fi abdatamaa karoofachuu qabda. Hojii qindeessuufis yeroo yerootti walgahii idilee mijeefachuu qabda.

Qoodafudhattoonni hunduu gahee hojii fi itti-gaafatamummaa adda-addaa isaanii irratti hubannoo fi waliigaltee akka qaban mirkaneeffadhu. Honjii bishaanii fi qulqullinaa irratti kanneen hojiirran jiran akkamiin dhimmi kun akka raawwatu yaada dhiheessuu nidanda'u. Qaamotta adda addaa jiran waliin maryadhu. Adeemsa tajaajila karoorsuu fi hijiirra oolchuutiif yaada qopheeffadhu, gahee hojii fi hojiilee addaan baasi. Dandeettii fi kaka'umsa tokkoon tokkooniitiin eenyu maal akka hojjatu irratti waliigali. Waldhabdeen yoo jiraate tasgabbiin furmaata irratti kenni. Hundumtuu akkamiin waliin hojjachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu akka danda'uuf Karoora kee fayyadami.

Gahee hojii fi itti-gaafatamummaa irratti iftoominni jiraachuun, hundumtuu hojiisaa akka hojjatuu fi qooda-fudhataa hundarraa maal akka eegamu beekuuf gargaara. Kunis miira waliin itti-gaafatamuu fiduuf bu'uura kenna. Deeggartoonni haaraanis dhufanii akka deeggaraaniif haala mijeessa

Kun, tajaajila bishaanii fi qulqullinaa gaarii itti fufiinsa qabu, ummata bal'aa fi dhaabbilee hedduu ciminaan waliin hojjatanu ijaaruu sidandeessisa. "Ariitiin deemuu yoo barbaaddan, kophaa adeemaa. Fagoo deemuu yoo barbaaddan, waliin deemaa."

Gahee hojii fi itti gaafatamummaa irratti waliigaluun bu'uura hordoffii fi to'annooti. Fuula itti aanu ilaali.



D

HORDOFFII FI TO'ANNOO



1. Dhaabbanni kee sadarkaa tajaajilootaa eegsisuu keessatti gahee qindeessuu hojjata. Ittifufiinsaan karoora kee hojiitti hiikuuf daandii sirri irra jiraachuu kee fi warri kaanis itti-gaafatamummaa isaanii bahuu isaanii madaaluu akka dandeessuu mirkaneeffadhu.

2. Qulqullina teeknikaa tajaajiloota bishaanii fi qulqullinaa fi haala adeemsa kenna tajaajilaa to'achuun barbaachisaadha. Haala danda'ameen tajaajilli saffisaan hunda qaqqabaa akka jiru piriinsiippiloota qajeelfamaa fayyadami. Piriinsiippiloonni kunis wal-qixxummaa, odeeffannoo haalaan argachuu, hirmaannaa, itti-gaafatamummaa fi itti-fufiinsafaati.

3. Garee hojii bishaanii ykn qulqullinaa fayyadamuun mareewwan itti-fufiinsa qabaniin hojii qindeessuu itti fufi. Yaada fudhuutii furmaata itti kenni, ittis kennisiisi. Sadarkaaleen tajaajilaa akka barbaadamuun eegamaa yoo hinjiraanne, ykn qulqullinni tajaajilaa rakkoo akka qabu yoo hubatte, qooda-fudhattoota birootii wajjin rakkooleen jiran haala furamuu danda'an barbaadi. Haala barbaachisaa ta'een, seera, heeraafi kontiraata irrati hundaa'uun sadarkaaleen tajaajilaa akka eegamaniif aangookee itti fayyadami.

4. Sirna yaada ummataa fi duubdeebii adda addaa fayyadamuun rakkoolee tajaajilaa namoota fayyadamaa jiran irraa fudhu. Duub-deebii kanas kan to'annoo dhuunfaan gaggeeffamee fi hordoffii bakka tajaajilaatii ofii keetii taajjabde waliin walsimsiisi. Kunis waa'ee fayyadamtoota tajaajilichaaf itti-gaafatamummaa fi dhimmama akka qabdu agarsiisa.

5. Namoonni komachuu akka hinsodaanneef, duub-deebii hiccitii haala itti argachuu dandeessu uumuunis barbaachisaadha.

6. Ummannii fi qaaoda-fudhattoonni hundi hojiirra oolmaan karoorichaa bu'aa fidaa akka jiruu fi rakkoolee hiikuuf tarkaanfii ati fudhachaa jirtu akka beekaniif, sadarkaa hojiin irra jiru goodiif.

7. Tajaajila kennitootaa fi qaamolee barbaachisoodhaaf leenjii adda addaa kennuudhaan yeroo yerootiin kenni tajaajilaa akkamiin fooyya'uu akka danda'u barbaadi. Deeggarsa akaakuu namoonni/ dhaabbileen biro kennan dabalatee qabeenya ijaarsa dandeettiif ooluu danda'u barbaadii itti fayyadami.

8. Ijaarsa dandeettiitiif bajata ramadame haalaa itti fayyadamuu karaa ittdandeessu barbaadi. Akkasumas, bajata qabdu of-eegganoon itti fayyadamuudhaaf, hojjattoota qabdu keessaa ykn qooda-fudhattoota biraa Nama ogummaa qabu fayyadami.

Hordoffii fi to'annoon hojii itti-fufiinsaan hojjatamanidha, addaan hincitu. Yeroo yerootti ammoo seerri fi sadarkaan eegamaa jiraachuu isaa ilaaluufi duub-deebii sirreeffamaa kennuuf haalli ittiin qo'annoon gadi-fageenyaan gaggeeffamu nijiraata. Kun ammo jijjiiramaa ykn hudhaalee mudachuu danda'an irratti atii fi qoodafudhattoot biro karoora keessa akka deebi'anii ilaalaniif agarsiiftuu ta'a. Rakkoolee barbaaduu fi furmaata itti kennuudhaan, dhimmi tajaajilamtootaa, mootummaa, kaffaltoota taaksii fi deeggartoota maallaqaa akka sidhibuu fi itti-gaafatamummaa akka qabdu agarsiifta. Sadarkaalee ifaa fi tajaajila qulqullina olaanaa qabuuf – meeshaalee fi hawaasummaa dabalatee – quuqamni ati qabdu bu'aa siif buusa, deeggarsa dabalataas ni argatta.



Gara fuula

BU'AALEE

Namoonni nigammadu


Tajaajila akkamii akka argat anii fi akkamiin akka argatan yoo beekanu nigammadu. Tajaajila argataniifi amantaa irraa qabanif waan barbaachisaa hunda kaffaluufu nifedhu

Tajaajila kennitooti
Tajaajilamtoota isaanii
nibeeku Caalaattis nitajaajilu

**Ummanni tajaajila gaarii fi
Ittifufiinsa qabu argate**
bishaanii fi qulqullinaa
Jiruu fi jireenya isaanii
Fooyyeffatu.

Hoggansa keetiin kanneen Birootiif adda- duree taata

Tajaajilaan hunda bira gahuun, Naanoowwan bira gahuuf Rakkisoo ta'an dabalatee



Atis

Tajaajila kennitootaa fi qaamolee biroo qulqullina Tajaajilaa jarri kennanuu Irratti akka gaafataman goota

Qabatamaan kan agarsiiftu

Qindoominnii fi walta'iinsi Akkamiin qabeenya jiru sirriitti Fayyadamuun akka danda'amu

Deeggarsa dabalataa argatta

Hojii gaarii waan hojjataa jirtuuf Fedhiwwan waldorgoman jiraatanillee

To'annoon

Karoorri kee karaa sirriirra jiraachuu to'achuuf sigargaara

DABALATAAF



Barreeffamna kana gara Afaan Oromootti kan hiike argachuuf, Serawit Atnafu, **serawitatnafu@wateraid.org** qunnamuu dandeessu.

Dhimma barreeffama kanaan walqabatan irratti odeeffannoo dabalataatiif, **<http://www.righttowater.info/handbook/>** ilaali.

Qajeelfamni kun boqonnaa adda addaa qaba: Piriinsiippiloota mirgaa, maallaqaa, karoora, to’annoo to itti-gaafatamummaa, akkasummas hojimaata seeraa faati. Muuxannoo gaggaarii fi cheekliistii irrattis fakkeenya adda addaa qaba. Kitaabni kun afaanota Ingiliizii, Firench, Ispaaniish, Poorchugiis fi Arabikiin jira.

AWAA’EE BARRUULEE KANNEENII



Barreeffamoota kanneen kan qopheessan WASH United, WaterAid, Institute for Sustainable Futures – University of Technology Sydney, End Water Poverty, UNICEF and RWSN, C3 waliin ta’uuni. Maallaqaan kan deeggaran ammoo People’s Postcode Lottery Foundation dha.

Barreeffamoota kan bilisaan itti fayyadamuun, irra deebisanii maxxansuunii fi dhimmoota tola-ooltummaatiif waliif daddabarsuun nidanda’ama. Seera ittiin fayyadaman dubbisuuf:

(**<https://creativecommons.org/licenses/by-nc-sa/4.0/legalcode>**) ilaalaa.

Muuxannoo itti fayyadama barreeffamoota kanneenii email itti aanuun nuun gahaa: **louisagosling@wateraid.org** or **hannah.neumeyer@wash-united.org**

ISPOONSEEROOTA:

